# ERGAA PHAAWULOOS
# GARA WARRA TASALOONQEETTI
# ERGE - 1ffaa

1 Phaawuloos, Siilaasii fi Ximootewoos Irraa;
Gara waldaa kiristaanaa warra Tasaloonqee tan Waaqayyo Abbaatii fi tan Gooftaa Yesuus Kiristoos taatetti; ayyaannii fi nageenni isiniif haa ta'u.

**Sababii Amantii Warra Tasaloonqeetiif Galateeffachuu**

2Nu kadhannaa keenna keessatti maqaa keessan dhawuudhaan yeroo hunda waayee hunda keessaniitiif Waaqa ni galateeffanna.
3Amantii[a] keessan hujiin agarsiisuu keessan, jaalalaaf dadhabuu keessanii fi abdii Gooftaa keenna Yesuus Kiristoositti qabdaniin jabaattanii dhaabachuu keessan yeroo mara Abbaa keenna Waaqa duratti ni yaadanna[b].
4Yaa obboleeyyan Waaqaan jaalatamtan, nu akka inni isin filate beennaatii.
5Wangeelli keenya humnaan, hafuura qulqulluu[c] fi amansiisa guddaan gara keessan dhufe malee dubbii afaanii qofaanii miti; nus waayee keessaniif jennee akkamitti akka isin jidduu jiraanne ni beettu.
6Isinis fakkeenya keennaa fi fakkeenya Gooftaa hordoftaniirtu; otuma dhiphinna guddaa keessa jirtanuu gammachuu hafuurri qulqulluun isinii kenne sanaan dubbicha fudhattaniirtuutii.
7Kanaanis amantoota Maqedooniyaa fi Akkaayyaa jiran cufaaf fakkeenya taataniirtu.
8Dubbiin Gooftaa isin biraa bayee Maqedooniyaa fi Akkaayyaa qofatti hin dhagayamne; amantiin isin Waaqatti qabdanis lafa hunda gayeera; kanaaf waayee isaa womaa dubbachuu nu hin barbaachisu;
9Akkamitti akka isin nu simattan isaanuu ni dubbatuutii. Isaanis akkamitti akka isin Waaqa jiraataa fi Waaqa dhugaa tajaajiluuf[d] jettanii waaqota tolfamoo irraa gara Waaqayyootti deebitanis ni himu.
10Akkasumas ilma isaa isa inni warra du'an keessaa kaase jechuunis Yesuus isa dheekkamsa dhufu jalaa nu baasu sana akka samii irraa eegattan ni himu.

**Phaawuloos Warra Tasaloonqee Tajaajiluu Isaa**

2 Yaa obboleeyyani, isin bira dhufuun keenya sun akkasumaan akka hin ta'in isinuu

[a]3 ykn *dhugeeffachaa*; [b]**3** ykn *in qaabanna;* [c]5 ykn *ayyaana woyyuu;* [d]9 ykn *hojjachuufii*

ni beettu. 2Akkuma isin beettan
nu kanaan dura Filiphiisiyuusitti
miidhamneerra; arrabsamneerras.
Garuu yoo mormiin cimaan nu
qunnamellee[e] gargaarsa Waaqa
keennaatiin wangeela isaa isinitti
himuuf ija[f] jabeenna arganneerra.
3Gorsi nu kenninus dogongora
yookaan xuraawummaa yookaan
gowwoomsaa irratti kan hun-
deeffamee[g] miti. 4Qooda kanaa
nu akka warra Waaqni wangeela
imaanaa itti kennuuf murteesseetti
dubbanna. Yaaliin keenyas Waaqa
garaa keenya qoru sana gam-
machiisuuf malee nama gam-
machiisuufii miti. 5Akkuma isin
beettanii fi akkuma Waaqayyos
dhugeessu sana nu dubbii sos-
sobbiitti hin fayyadamne; sassat-
tummaa[h] dhoffachuuf jennees
itti fakkeessuun gara keessan hin
dhufne. 6Isin irraas ta'u yookaan
warra kaan irraas ta'u nu namoota
irraa ulfinna hin barbaannu.

Akka ergamtoota Kiristoosiit-
tis nu ba'aa isinitti ta'uu ni dan-
deenna ture. 7Nu garuu akkuma
haadha daa'imman isii kunuun-
fattuutti garraamummaan[i] jidduu
keessan jiraanne. 8Nu waan akka
malee isin jaalanneef wangeela
Waaqayyoo qofa otoo hin ta'in
lubbuu keenyallee isinii kennuun
fedhii keenna ture; isin nu
biratti akka malee jaalatamoo
turtaniitii. 9Yaa obboleeyyani,
isin dadhabbii fi dhiphinna keenya
ni qaabattuutii; nu yeroo wan-
geela Waaqayyoo isin barisiisaa
turretti akka nama tokkottillee
ba'aa hin taaneef jennee hal-
kanii - guyyaa hojjachaa turre.

10Nu hagam qulqullinnaan,
qajeelinnaa fi hirdhinna malee
isin warra amantan[j] jidduu akka
jiraanne isin dhugaa ni baatu;
Waaqayyos dhugaa ba'a. 11Ak-
kuma abbaan ijoollee isaatiif
yaadutti nus akka tokkoo tokkoo
keessaniif yaadaa turre ni beet-
tuutii. 12Akka isin jireenna
Waaqa isa mootummaa isaatii fi
ulfinna isaatti isin waamu sanatti
toluu jiraattaniifis isin gorsi-
neerra; isin jajjabeessineerra; isin
kadhanneerras.

13Isinis yommuu dubbii Waaqay-
yoo kan nurraa dhageettan sana
fudhattanitti akkuma inni jirutti,
akka dubbii Waaqaa kan isini
warra amantani keessatti ho-
jjatuutti fudhattan malee akka
dubbii namaatti waan hin fud-
hatiniif nu yeroo hunda Waaqa
ni galateeffanna. 14Yaa obboleey-
yani, isin fakkeenya waldoota
kiristaanaa Waaqayyoo warra
Kiristoos Yesuus keessa jiran
kanneen biyya Yihuudaa jiraatanii
hordoftaniirtu; akkuma waldoonni
kunneen harka Yihuudotaatti

[e]2 ykn *qabatellee;* [f]2 ykn *adda;* [g]3 ykn *yayyabamee;* [h]5 ykn *sabdooma;* [i]7 ykn *garaa toliisaan;* [j]10 ykn *dhugeeffattan*

dhiphatan isinis harka namoota biyya keessaniitti dhiphattaniirtu. [15]Yihuudonni kunneen warra Gooftaa Yesuusii fi raagota[k] ajjeessanii nu ammoo gaargalchanii[l] dha; isaan Waaqa gaddisiisu[m]; nama maraanis ni mormu. [16] Isaanis akka nu akka namoonni ormaa fayyifamaniif jennee namoota ormaatti hin dubbanne nu dhowwuu[n] yaalan; kanaanis safartuu[o] cubbuu isaanii guutachuutti jiru; dhuma irratti garuu dheekkamsii Waaqayyoo isaanitti dhufeera.

### Phaawuloos Warra Tasaloonqee Arguuf Hawwuu Isaa

[17]Garuu yaa obboleeyyani, eega hafuuraan otoo hin ta'in qaamaan[p] yeroo gabaabaaf isin irraa gargari baanee jalqabnee fuula keessan arguuf hawwii guddaan caalchifnee dhamaane[q]. [18]Nu gara keessan dhufuu barbaannee turreetii; keessumattuu ani Phaawuloos yeroo baay'ee gara keessan dhufuu yaaleera; garuu Sheexanattu nu dhowwe. [19]Yommuu Gooftaan keenna Yesuus Kiristoos dhufutti fuula isaa duratti abdiin keenya yookaan gammachuun keenya yookaan gonfoon[r] ulfinna keennaa eenyu? isinumaa mitii? [20]Dhugumaanuu isin ulfinnaa fi gammachuu keenna.

3 Kanaaf nu waan hagana caalaa obsuu dadhabneef kophaa keenya Ateenaatti hafuuf murteessine. [2]Nus obboleessa keenya Ximootewoos isa hujii wangeela Kiristoosi keessatti tajaajilaa[s] Waaqayyoo ta'e sana, akka inni amantii[t] keessanitti isin cimsuu fi isin jajjabeessuuf isa ergineerra. [3]Kunis akka namni tokkkoyyuu dhiphinna kanaan hin jeeqamneef[u] Isinis akka nu waan kanaaf ramadamne[v] sirriitti[w] beettu. [4]Yeroo isin bira turretti akka dhiphinni nurra gawu isinitti himaa turreetii; Innis akkuma isin beettan sana ta'e. [5]Sababii kanaaf ani yommuu kana caalaa obsuu dadhabetti waayee amantii keessanii baruuf jedhee isa erge; tarii[x] inni nama qoru sun isin qoreera ta'a; dadhabiin keenyas faayidaa malee hafeera jedhee nan sodaadha.

### Ximootewoos Oduu Gaarii Fiduu Isaa

[6]Amma garuu Ximootewoos isin biraa gara keenya dhufee waayee amantii keessaniitii fi waayee jaalala keessanii oduu gaarii nutti himeera; akkasumas akka isin yeroo mara yaada dansaan nu yaaddanii fi akkuma nu

[k]15 ykn *raajota;* [l]15 ykn *ariyatani/ baqachiisan*; [m]15 ykn *laaleffachiisan;* [n]16 ykn *dhooggu/dhoorku*; [o]16 ykn *kiila;* [p]17 ykn *nafaan;* [q]17 ykn *itti dadhabne*; [r]19 ykn *ruuftii;* [s]2 ykn *hojjataa*; [t]2 ykn *dhugeeffachaa;* [u]3 ykn *hin raafamneef*; [v]3 ykn *qoodamne;* [w]3 ykn *akka dansaa;* [x]5 ykn *gaafiini*

isin arguu hawwinu isinis akka
nu arguu hawwitan nutti himeera.
[7]Kanaaf Yaa obboleeyyan, nu
dhiphinnaa fi gaargalfama[y]
keenna mara keessatti amantii
keessaniin waayee keessan jajja-
beeffamneerra. [8]Yoo isin Gooftaatti
cimtanii dhaabatani nu dhugu-
maan lubbuun ni jiraannaatii.
[9]Gammachuu sababii keessaniin
fuula Waaqa keennaa duratti
nutti dhagaayame cufaaf waayee
keessaniif Waaqaaf galata akkamii
dhiyeessuu dandeenya? [10]Nu akka
deebinee isin arginuu fi waan
amantii keessan keessaa hird-
hates akka isinii guutuu dan-
deennuuf halkanii guyyaa cimsi-
nee Waaqa kadhanna.

[11]Ammas Waaqni keennaa fi
Abbaan keenna mataan isaa,
Gooftaan keenna Yesuusis akka
nu gara keessan dhufnu karaa
nuuf haa qajeelchuu. [12]Akkuma
jaalalli nu isinii qabnu ida'aa
deemu sana Gooftaan jaalala isin
walii keessanii fi nama cufaaf
qabdan isinii haa guddisuu; haa
ida'us. [13]Akka isin yommuu
Gooftaan keenya Yesuus qulqul-
loota isaa mara waliin dhufutti
fuula Waaqa keennaatii fi Abbaa
keennaa duratti warra hirdhinna
hin qabnee fi qulqulloota taatani-
ifis inni garaa keessan haa jajja-
beessuu.

## Waaqa Gammachiisuuf Jiraachuu

4 Dhumarrattis, yaa obboleey-
yani, Waaqa gammachiisuuf
akkamitti akka jiraachuu qab-
dannunu isin barsiifneerra; isinis
dhugumaan akkuma sanatti
jiraachaa jirtu; ammas akka it-
tuma caalchiftanii waan kana
gootan maqaa Gooftaa Yesuusiitiin
isin kadhanna; isin gorsinas. [2]Nu
aangoo[z] Gooftaa Yesuusiitiin
ajaja maalii akka isinii kennine
beettuutii.

[3]Fedhiin Waaqayyoo akka isin
hundi qulqullooftanii dha; kunis
akka isin halalummaa[a] lagattaniif.
[4]Isin keessaas tokkoon tokkoon
namaa akkamitti akka karaa
qulqulluu fi ulfinna - qabeessa
ta'een nafa isaa eegatu haa bee-
kuu. [5]Kunis akka namoota ormaa
kanneen Waaqa hin beenneetti
hawwii fooniitiin hin ta'in.
[6]Kanaanis namni tokkoyyuu
obboleessa isaa hin yakkini; hin
gowwoomsinis. Akkuma nu kanaan
dura isinitti himnee isin akeek-
kachiifne[b] Gooftaan cubbuu ak-
kasii maraaf namoota ni adaba.
[7]Waaqayyo akka nu jireenna
qulqulluu jiraannuuf nu waame
malee akka xuroofnuufii miti.
[8]Kanaaf namni gorsa kana tuffatu
Waaqa hafuura isaa qulqulluu

[y]7 ykn *ariyatama/baqachiifama;* [z]2 ykn *guddinna;* [a]3 ykn *hawadii;* [b]6 ykn *seerre;* [c]12ykn *hin dhugeeffatin*

isinii kennu sana tuffata malee nama hin tuffatu.

[9]Egaa waan Waaqayyo akka isin wal jaalattan isin barsiiseef waayee jaalala obbolummaa isinii barreessuu nu hin barbaachisu. [10]Dhugumaan isin obboleeyyan Maqedooniyaa mara keessa jiran hunda ni jaalattu; Yaa obboleeyyani, nu garuu akka kana caalaa isaan jaalattan isin gorsina.

[11]Akkuma nu kanaan dura isin ajajnetti jireenna nagayaa jiraadhaa; hujii keessan irratti xiyyeeffadhaa; harkuma keessaniin hujii keessan hojjatadhaa. [12]Kunis akka isin warra hin amanin[c] biratti ulfinna argattanii fi akka harka nama tokkollee hin eeganneefi.

### Dhufaatii Gooftaa

[13]Yaa Obboleeyyani, nu akka isin waayee warra boqotan[d] sanaa wallaaltan yookaan akka namoota abdii hin qabne kaaniitti gadditan[e] hin barbaannu. [14]Nu eegii akka Yesuus du'ee du'aa ka'e amannee akkasuma immoo akka Waaqayyo warra Yesuusitti amananii boqotan sana isuma waliin kaasu ni amanna. [15]Wanni nu akka dubbii Gooftaatti isinitti himnu kana; nu warri lubbuun jirru kanneen hanga dhufaatii Gooftaattii jiraannu matumaa[f] warra boqotan sana hin dursinu. [16]Gooftaan mataan isaa ajajaan, sagalee[g] hangafa maleekkotaatii fi sagalee magalata Waaqayyootiin samii irraa gadi ni bu'a; warri Kiristoositti amananii du'anis jalqabatti ni ka'u. [17]Eegasii immoo nu warri hafnee lubbuun jirru qilleensa irratti Gooftaa simachuuf isaan wajjiin duumessaan ol fudhatamna; akkasumas baruma baraan Gooftaa waliin ni jiraanna. [18]Kanaaf dubbii kanaan wal -jajjabeessaa.

5 Egaa yaa obboleeyyan, waayee barootaatii fi waayee Waqtiilee waanuma tokkollee isinii barreessuu nu hin barbaachisu. [2]Akka guyyaan Gooftaa akkuma hattuutti halkaniin dhufu isinuu sirriitti[h] beettuutii. [3]Otuma namoonni, "nagaya; gabiidhas[i]" jedhanuu akkuma ciniinsuun dubartii ulfa[j] qabdutti dhufutti badiisni akka tasaa isaanitti dhufa; jalaas hin ba'an.

[4]Isin garuu yaa obboleeyyani, akka guyyaan sun isin irra hin geenneef isin warra dukkana keessa jirtanii miti. [5]Isin cufti ijoollee ifaa ti; ijoollee guyyaatis. Nu warra halkanii yookaan warra dukkanaatii miti. [6]Egaa koottaa nu akka warra kaanii hin rafnuu; qooda kanaa koottaa ni dammaqnaa; uf-qabnas, [7]Warri rafan halkaniin rafuutii; warri machaa'anis

[d]13 ykn *du'an;* [e]13 ykn *laaleffattan;* [f]15 ykn *akkanallee jennee;* [g]16 ykn *qoonqoo/ qoonqa;* [h]2 ykn *akka dansaa;* [i]3 ykn *qabbanuma;* [j]3 ykn *niitii garaachaa*

halkaniin machaawu. 8Nu garuu waan ijoollee guyyaa taaneef koottaa amantii[k] fi jaalala akka gaachanaatti[l] uffannee, abdii fayyinnaa immoo akka barmeexaa sibiilaatti keewwannee uffeennaa. 9Waaqni akka nu karaa Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin fayyinna argannuuf malee dheekkamsaaf nu hin qopheessineetii. 10Nu dammaqnus yookaan rafnus akka isuma waliin tokkummaan jiraannuuf Yesuus nuu du'e. 11Kanaaf akkuma amma gochaa jirtan kanatti wal-jajjaabeessaa; wal- ijaaraas.

**Gorsa Dhumaa**

12Egaa yaa obboleeyyani, akka isin warra jidduu keessanitti cimanii hojjatan, warra karaa Gooftaatiin bulchitoota keessan ta'anii fi warra isin gorsan sana kabajjan[m] isin kadhanna. 13Sababii hujii isaaniitiifis jaalalaan ulfinna guddaa isaaniif kennaa; nagayaanis waliin jiraadhaa. 14Yaa obboleeyyani, nu akka isin warra hujii hojjachuu hin jaalanne akeekkachiiftan[n], sodaattota jajjabeessitani, dadhaboo gargaartani, akka nama hundumaafis obsa qabaattan isin gorsina. 15Akka namni tokkoyyuu waan hamaaf deebii hamaa hin deebifne beekkadhaa; qooda kanaa yeroo mara waliif, nama maraafis waan gaarii gochuu yaalaa.

16Yeroo cufa gammadaa; 17Otoo gargari hin kutin Waaqa kadhadhaa. 18Waan hundumaafuu Waaqa galateeffadhaa; wanni Waaqni karaa Kiristoos Yesuusiitiin isin irraa barbaadu kanaa tii.

19Ibidda hafuuraa hin dhaamsinaa; 20Raajii[o] hin tuffatinaa; 21Waan cufa qoraa; isa dansaa jabeessaatii qabadhaa. 22 Hammeenna gosa hundumaa irraa fagaadhaa.

23Waaqayyo Waaqni nagayaa guutumaan guutuutti isin haa qulqulleessu; hafuurri keessan, lubbuun keessanii fi foon keessan guyyaa Gooftaan keenna Yesuus Kiristoos dhufutti hirdhinna hundumaa irraa haa eegamani. 24Inni isin waamu sun amanamaa dha; kanas ni godha.

25Yaa obboleeyyani, nuufis Waaqa kadhadhaa; 26Dhuungoo qulqulluunis obboleeyyan mara nagaya gaafadhaa[p]. 27Ani akka xalayaan kun obboleeyyan cufaaf dubbifamu maqaa Gooftaatiin isin kadhadhaa.

28Ayyaanni Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosi isin wajjiin haa ta'uu.

[k]8 ykn *dhugeeffachaa;* [l]8 ykn *wanteetti.*[m]12 ykn *ulfeessitan;* [n]14 ykn *seertan;* [o]20 ykn *dubbii raagaa/himana;* [p]26 ykn *fuudhaa*